BARNOOTA
OGUMMAA FI TEEKINIKAA
QAJEELCHA BARSIISAA
Kutaa 8

QOPHEESSITOOTA:

MAARQOOS MAATIWOOS (PhD)

ZARIHUUN GANAWOO (Garg.Prof.)

KAN HIIKAN:

XILAAHUN TAMASGEEN AYYAANAA

(MSC) ASAANUU GOSHUU

MOOTUMMAA (MA) TAAYYEE

WIIRTUU BANTII (BA)

QINDEESSA:

GAMMACHIIS FIQAADUU GARBII

SAXAAXA:

Koolleejjii Pooliiteeknikaa Inxoxxoo

© Mirgi maxxansaa guutumaan guutuutti seeraan eegamaadha. Guutuu ykn qaama maxxansa kanaa haalaafi bifa kamiiniyyuu, jechuun elektirooniksiidhaan, footokoppiidhaafi waraabuun eeyyama dhaabbata maxxansiisee malee, haala biroon dabarsuun dhorkaadha.

Bara 2014/2022
Finfinnee Itoophiyaa

BAAFATA

Qabiyyee Fuula

BOQONNAA 1.....1
OGUMMAA DHUNFAA FILACHUU.....1
1.1. Gulantaalee arfan ogumma dhuunfaa filachuu.....2
1.1.1. Irrakeessoobarannoo.....2
1.1.2. Adeemsa baruuf barsiisuu.....3
1.2. Ogummaa Sirriii Barbaadu.....4
1.2.1. Irrakeessoobarannoo.....4
1.2.2. Adeemsaa baruufi barsiisuu.....7
BOQONNAA 2.....8
CARRAA HOJII DHUUNFAA.....8
Dandeetti Simachuu, Haala itti Fayyaadamaa Foto Koppii.....8
2.1. Dandeetti Simachuu.....9
2.1.1. Barannoo tokko: Dandeettibu'uraa simachuu.....9
2.1.2. Barannoo lama: muuxannoo Itoophiyaannonni keessummaa simachuu irratti qaban.....10
2.1.3. Barannoo ibsuu.....11
2.2. Maashina footo kooppii.....12
2.2.1. Barannoosadii:Gulantaaleemaashinafootokooppiifayyaadamuu.....12
2.2.2. Barannooafur:Suphaafootokooppii.....13
2.2.3. Barannoo Shan: Rakkoo footo kooppii fi haala itti fayyaadama isaa.....15
2.3. Hojiiwwaan dhaabbata xixiqqa (Interprise) keessatti hojjeetaman.....16
2.3.1. Barannoo Jaha: Oomisha filachuufi oomisha filachuuf sababa kan ta'an.....16
2.3.2. Barannoo torba: Oomisha beeksisuufi wantoota dhaabbaata hojii (Interprise) keessatti hojiifbarbaachisan.....18
BOQONNAA 3.....21
CARRAALEE HOJII DHUUNFAA.....21
Hojii Ijaarsa, Ogummaa Mukaa, Suphaa fi Daldala Qiinxaaboo.....21
3.1 Ijaarsaa fi hojii ogummaa mukaa bu'uuraa.....22
3.1.1 Barannoo tokko: Ijaarsaa xuubii fi meeshaalee suphee.....22
3.1.2. Barannoo lama: Meeshaalee fi oggummaa bu'uuraa muka tolchuu.....23
3.1.3. Barannoo sadii: Halluu dibuu fi bareechuu.....25
3.2. Gommaa kokoolata suphuufi Mirkaneessu.....26
3.2.1. Barrannoo afur; Adeemsa fayyadama dhibba gommafi mirkaneessu.....26
3.3. Suphaa fi daldala qinxaaboo.....27
3.3.1. Barannoo shan: Daldala qinxaboo keessatti mamilaa qabachuu.....27
3.3.2. Barrannoo jaha; gurgurtaa qinxaaboo.....29

BOQONNAA 4.....32
CARRAALEE HOJII DHUUNFAA.....32
Keessummaa Simachuu, Nyaataa Qopheessuu Fi Qulqulleessuu.....32
4.1. Taatee keessuummaa simachuu.....33
4.1.1. Barannoo tokko: goosoota taatee keessummaa simachuu.....33
4.2. Tajaajila dhiyeessa nyaataa.....35
4.2.1. Barannoo lama: Meeshaalee barbaachisoo mana nyaataa (koshiinaa).....35
4.2.2. Barannoo sadii: Nyaata madaalawwaa fi hin turiin qopheessuu.....36
4.3. Tajaajila qulqulleessuu.....37
4.3.1. Barannoo afur: sansakkaa guutuu qulqullinaaf barbaachisuu.....38
4.3.2. Barannoo shan : Gosoota tajaajilaa qulqulleessuu.....39
4.3.3. Dandeettii nama qulqulleessuu kamiifiyyu barbaachisuu.....40
BOQONNAA 5.....43
CARRAA HOJII.....43
5.1. Gorsa torban carraa hojii foyyeessuuf nama gargaaru.....44
5.1.1. Barannoo tokko.....44
5.2. Hojii garee.....45
5.2.1. Barannoo lama.....45
BOQONNAA 6.....48
HOJIIDHAAF QOPHA'UU.....48
6.1. Rakkoolee baramaa iddoo hojii.....49
6.1.1. Barannoo tokko: Rakkoo iddoo hojii furuu.....49
6.1.2. Adeemsaa baruuf barsiisuu.....50
BOQONNAA7.....53
HOJII UUMUMMAA.....53
7.1. Hiikkaa hojii uumummaa.....54
7.1.1. Barannoo tokko.....54
7.2. Enyuutu hojii uumaa?.....55
7.2.1. Barannoo lama.....55
7.3. Gosoota hojii uumummaa arfan.....56
7.3.1. Barrannoo sadii.....56
7.4. Gosoota namoota hojii uumanii.....57
7.4.1. Barannoo afur.....57
7.5. Amaloota torbaan namoota hojii uumanii.....58
7.5.1. Barannoo shan.....58

SEENSAA

Kitaabni qajeelcha barsiisa kutaa 8ffaa barnoota teekinikaafi ogummaa kan gargaaru barsiisaan ittin deeggaramee barataa akka barsiisuufidha. Kitaabni barnoota teekinikaafi ogummaa kutaa 8ffaa kan inni barsiisu karoorsu, qindeessu, gochaan qabiyyee isaa barsiisuu fi barattoota madaaluudha. Qajeelchi barsiisa kun kan gargaaru, haala barsiisu adda addaa fayyaadamee kalaqaafi argannoo barsiisaa bakka bu'ee miti. Qajeelchi kun kan fayyaaduu qabu haala baruufi barsiisuu naannoo mana barnootaa fi daree barnootaa irratti hunda'eti.

Qabiyyeewwan kitaaba barata

Kitaabni barnoota teekinikaafi ogummaa kutaa 8ffaa boqonnaa torba kan qabu yoo ta'u tokko tokkoon isaa mata duree adda addaatti qoodama. Boqonnaa hundaa keessatti, mata dureewwan hubachuuf akka mijatu gochaawwan tokko tokko kan dhuunfaan hojjetaman yoo ta'u kan biro immoo gareedhaan kan hojjetamaniidha. Gochaawwan kunneenis kan of keessaa qabu adeemsa barsiisu, ibsuufi daree keessaf alatti barachuu gabbisuufidha. Barattoonni kan baratan karaa hirmaanna qabuun bekuumsa argatanii odeeffannoo funaanachuufi hiikkoo itti kennuudhaan, rakkoowwan furuufi beekumsa argatan deebisaanii ibsuudhaani. Tokkoon tokko gochaawwani kun barataan qabiyyeefi beekumsa haaraa fayyaadamee gadi fageenyaan akka baratu gargaara. Gochaaleen dandeetti barattoota barsiisadhaf dub-deebii kennufidha.

Kitaabni barnoota Teekiniika fi Ogummaa kutaa 8ffaa boqonnaa torbaa kan qabu ta'ee akka

armaan gadiitti ibsama.

BOQONNAA 1; Barnoonni teekinikaafi ogummaa kan inni barsiisuu ogummafi fedhii isaanii adda basuun gulantaalee hojii jiran irratti karoorfatanii ogumma sirrii filachuuf, murteessuun hojjechuuf kan gargaaruudha.

BOQONNAA 2,3 fi 4: Boqonnaawwan kunneen barattootaf hubannoo carraa hojii dhunfaa uumuu, haala itti keessummaa simataniifi gargaaran, oomisha gurguraman filatan, iddoo gabaa adda baasan, meeshaalee jiran beeksisan, gatii isaa adda baasan dandeetti gara garaa itti argatanidha. Isaaniis haala dhaabbileen simannaa, dhiyyeessiifi qulqullinaan kennan ga'ee isaani bahan barsiisuudha. Boqonnaawwan kun sadan barattoota kan gargaaran ogummaa bu'uraa ijaarsaafi dandeetti hojii mukaa, meeshaalee gommaa konkolaataa itti suphanii fi dhiibbaa gommaa konkolaataa itti mirkaneessan, haala maamila kaffaltii daldalaa qinxaaboo keessatti itti qabatan kan barsiisudha.

Walumaagalatti boqonnaawwan kun barattoonni dandeetti gara garaa kan akka ta'eewan

simachuu, dhaabbileen dhiyeessifi qulqullinaan akkamittin tajaajila akka kennan barsiisuu dandeessisa.

BOQONNAA 5: Dandeetti ga'umsa hojjettoota fi gareedhaan hojjechuu adda baasuuf barattoota gargaara.

BOQONNAA 6: Rakkoowwan bakka hojiitti uumaman beekuufi tooftaa ittin rakkoo uumame furan adda baasuuf barattoota gargaara. Haala kanan rakkoo baramaaa bakka hojiitti uumaamu hubachuufi haala karaa nagaan furan hubachiisa.

BOQONNAA 7: Waa'ee hojii uumutii. Boqonnaan kun barattoota namoota hojii uumaniifi hojii uumuummaa (entreprenur and entreprenurship) adda baasani baruuf gargaara, ulaagaalee isaaniirratti hunda'uun gosoota hojii uumummaa ibsuufi gosoota namoota hojii uumanii baruuf barattoota gargaara.

Walumaagalatti boqonnaan kun amaloota namoota hojii uumanii torban barsiisaa.

GALMA KITAABICHAA;

Galmi ijoon kitaaba barataa waa'ee odeeffannoo argachuu, feedhiin dabaluu, dinqisifachuufi hubachuuf kan gargaaru;

- Hubannoo barnootaa
- Amaloota hojii uumuu guddifachuu
- Hojjetaafi carraa hojjetaa
- Duudhaa, dhimmaa karaa gabaabafi dhimma karaa barbaachisaa barsiisufidha.
- Adeemsi barsiisuu kan of keessatti hammatu dawwii dirreefi gabaasa qopheessuu fa'a.
- Barnoota barataa gidduu galeeffate fayyaadamu.
- Kitaabni barataa kan itti qophaa'e barataa qabiyyee barnoota fi gochaawwan hubachiisufi ga'umsa barataa akkuma siilebesii (syllabus) keessati ibsameen guddisuu yoo ta'u, qajeelchi barsiisaa immoo kan qopha'ee adeemsa ittin beekumsa dabarsan, ogummaa, odeffannoofi gochaa qabatamaan barnoota kennuudhan kan qajeelchudha.
- Barnoonni teekinikaafi ogummaa yaad rimee bu'uurafi dandeetti barbaachisa of keessatti qabata.
- Hubannoo ogummaa filachuu
- Haala barattoonni ogummaa gara fulduraa itti guddifatan dabaluu
- Odeeffannoo kalaqaafi dandeetti rakkoo furuu dabaluu
- Amaloonni namoota hojii uumanii jiruufi jireenyaa isaanii akka haalan geggessan gargaara.

GALMA KITAABA QAJEELCHA BARSIISAA

Galmi kitaaba qajeelcha barsiisaa BTO kutaa 8ffa kun barsiisaa kan gargaaruufi koorsii barataa adeemsa hubannoo qabiyyeetiin, bu'a eegamuu baruufi barsiisuu itti mirkaneessudha. Akkuma waligalaattii kitaabni qajeelcha barsiisa boqonnaa hunda keessatti adeemsa barnootaa milkeessuuf gargaara.

Kitaabni qajeelcha barsiisaa kan inni gargaaruuf bekumsaafi dandeetti haala gaariin sadarkaa barbaachisuun dabarsuu irratti, barataa dorgomaa gochuu irratti, beekumsa qabatamaa naannootin walbarsiisurratti amaloota hojii uumuu jajjabeessudhaan akkasumas hubannoo barataa karaa formulaafi waliigalaa akka baratan taasisa.

ODEEFFANNOO WALIGALAA BARSIISA

Sirni barnootaa barataa giddu galeessa godhate kan gargaaru; hubannoo barnoota kennuufi barataa dorgomaa taasiisufidha. Kaayyoon sirna barnoota barataa giddu galeessa godhate baruufi barsiisuu keessatti hirmaannaa barattoota jajjabessuufidha. Kunis barataan qaama murtoo kennu, yaada isaa calaqqisiisu, hirmaannaa daree akka godhuufi hirmaanna gaaffiifi deebii akka dabalu taasiisa. Sirni barnootaa barataa giddu galeeffate kan irratti xiyyeeffatuu barataa kan qajeelchufi sirna baruu keessatti murtoo ofiisaa akka fudhatuufiidha. Barattoonni barnoota isaanitiif itti gaafatamuummaa akka fudhatan jajjabeessa.

Amaloonni sirna barnootaa barataa gidduu galeeffateefi hirmaanna barattoota kanneen armaan gadiiti;

- Fedhii barataan mana barumsaa deemu qabuufi barumsaaf qabu dabaluu.
- Dandeetti dubbiifi waliigaluu barataa dabaluu
- Ofitti amanamummaa dabaluu
- Of danda'ee akka yaadufi akka hojjetu gochuu
- Muuxannoo wal jijjiruun walitti dhufeenya barataafi barsiisaa uumuu.
- Milkaa'insaa barnootaa dabaluu
- Dandeetti yaaduu bilchina qabu dabaluu.

Barataan barnootaa irratti ilaalcha gaarii akka qabaatu gochuu.

Sirni barnootaa barataa giddu galeessa godhateefi adeemsi hirmaannaa barattoota barsiisaan akka kaka'umsa godhatu, fedhiifi gammachuun akka hojjetuuf ogummaa isaa akka cimsatu godha.

Sirni barnootaa barataa giddu galeessa godhate gahumsa barsiisaa gadi hin buusu. Ogummaan barsiisummaa hirmaannan barattoota kara garagara akka dabalu taasisa. Ga'een

barsiisa haala mijeessuufi kallatti agarsiisuun murtoo mataa isaanii akka murteesaniifi dandeetti isaanii akka ijaaratan taasisuudha.

Akka haala mijeessatti galmi keessan barattoota deggaruun dandeettin of danda'ani beekumsa akka argatanif hubannoo qabiyyee barnootaa isaanii akka guddifatan garagaaruudha.

Kitaabni qajeelcha barsiisaa kan qinda'ee qabiyyee barnootaafi hirmaanna barataa hordofuuni. Tokko tokkoon boqonnaa keessatti gahumsi kan guddate adeemsa baruufi barsiisuu amma jiruu irrati hunda'eeti. Qajeelchii barsiisa kan qinda'ee boqonnaadhani.

Boqonnaawwan kunneen kutaalee arman gadii qabu;

1. Irra keessoo boqonnaafi barannoo; qabiyyee boqonnaa cimsuuf.

2. Maloota barsiisuu eeraman: tokko tokko barannoof malootaa barsiisu barattoota gidduu galeessa godhatee eeruufidha. Mallii barsiisuu kan xiyyeeffatuu barannoofi gochaa barnootaa sanaa irratti hunda'etii.. maloonni qajeelchaa barsiisa yeroo baayyee kan eeruu;

- **Xinxaala sammuu;** waa'ee dhimmaa barannoo sanaa barattoonni yaadaa qaban akka dubbatanifi tarreessan gochunii. kana jalqabisiisuuf gaaffii walii gala gaafadha. Fakkeenyaaf, jalqaba boqonnaa tokko irratti " ogummaafi ogummaa filachuun maali?" jettani gaafachuu dandeessu. Akkuma si'aaniin yaada isaanii bilisaan akka ibsatan, yaada mataa isaanii akka fayyaadaman, waan beekan akka himan, ilaalchafi dandeetti uumamaa isaanii akka ibsan jajjabeessa.

Tooftaaleen barbaachisoon akkasii, waa'ee mata duree sanaa barattoonni maal akka bekaniifi fedhii akka argatan gochuuf isiin gargaara. Dabalataaniis brattoonni sodaa tokko malee akka hirmaataniif carraa kennaafi. Tooftaalee kana yeroo mata duree haaraa fayyaadamtan kamiiyyu fayyaadama.

- **Yaada wal-simsiisuu;** yeroo waa'ee mata dureefi barannoo sirreesuu barbaaddaan xiinxalaa sammuu boodaa tooftaa walsimsiisuu kana fayyaadama. Yeroo xiinxalaa sammuu yaannii barattoonni kaasan kan hin qindoofneefi mata duree sana waliin kan hindeemnee ta'u danda'a. yeroo yaadaa isaani walsimsiistan, yaada isaan kaasan sirreesuufin hiikaa sirriii akka qabaatuu godha. Adeemsa kana keessatti dandeettifi tooftaa mataa keessani fayyaadama.
- **Ibsa;** yeroo waan ta'ee daree keessatti ibsitan, tooftaalee barattoonni adeemsafi yaadrimee qabiyyee ittin ibsan mariisiisa. Akkaataa barattoota hubachiisuufi ofi saaniiti oddeffanno akka hubatan godhuu waan gochuun isinirra jiru hundaa godha. Ofii eegaltani ofii hinxumuriina.

Tooftaa ibsuu kanaa galmaan ga'uuf tartiiba armaan gadii kanaa fayyaadama.

- Qajeelfamaa kanaa ibsuuf yeroo kennameef ilaala
- Ibsii keessan ifaafi sadarkaa hubannoo barattoota waliin walsimuu mirkaneessa
- Fakkeenyaa ifaa ta'ee, yeroo waliin kan deemuufi mata duree sanaa waliin walitti
- dhiheenya qabu fayyaadama.
- Qabxii ijoon walqabsiisa.
- Yeroo barattoota waliin mari'attan barattoonni ibsa keessan hubachuufi hubachuu dhabuu isaani baruuf gaaffii barbaachisaa ta'ee gafadhaa.

Gaaffii: mala kana irra deddeebiin fayyaadama, keessumattuu yeroo ibsafi yeroo marii, gidduu gidduutti gaaffii fayyaadama. Akka gaaffii deebisaaniif carraa barattoota hundumaaf kannaafi. Gaaffii deebisuun akka dandeetti xinxalaafi dubbii barattoota fooyyessuu danda'uttti fudhadha. Adeemsa gaaffii keessatti, barattoonni akka hubatan gochuuf qabxiilee kunneen yaadatti qabadha.

- Gaaffii gabaabafi salphaa godha.
- Hamma hin barbaachisa jettani yaaddaan gaditti xiqqeessa
- Hamma danada'ametti,gaffilee barattoota hunda(suuteyyii, giddu galeessafi cimaa) kan hirmaachisu gaafadha.
- Gaaffii tokkoon deebii isaanirra barbaadamu argachuu yoobaattan gaaffiilee garaa garaa fayyaadama.
- Hirmaannafi deebii sirriii ta'eef qabxii dabaluun, harka rukuchiisuufi badhasota biroo kennuufiin jajjabeessa.

Marii: Tooftaa biraa gargaaramuu keessatti, marii akka ijoo koorsii kanaatti fayyaadamaa. BOT keessatti gochaa irratti kan hunda'e waan ta'eef barattoota irra kan eegamuu mari'achuun muuxannoo, yaada, karoorafi fedhii isaanii waliif qooduudha.

Mariin jajjabeefamuu qaba sababnii isaa dandeetti dubbii barattoota, walitti dhiyeenyaa walii walii isaaniifi barsiisaa walin qaban guddisuuf gargaara. Mariin carraa dandeetti barattoonni xinxaluu, dandeettii dubbiifi ofitti amanamummaa yeroo yaada isaanii ibsaniif kan biroo dhageeffatan kennuufidha.

Kanas galmaan ga'uuf, toftaaleefi adeemsa armaan gadii fayaadama:

- Hirmaataa mirichaa ta'a
- Marii garee xixiqqaa gidduu gidduu isaanii deema
- Yeroo barattoonni hundii marii sanaa irratti hirmaatan tokko tokkoon isaanii akka sirriiitti irratti hirmaatan hordofii.
- Barattooni suteyyiin akka hirmaatan jajjabeessii.

- Barattoota jajjabeesuuf toftaalee adda adda hojiirra olchii.
- Yeroo mari'atan yoo itti cimee waa'ee mataa duree sanaa karaa agarsiisii.

Agarsiisa: mala kana keessatti, akkamitti akka wanti tokko hojetamuufi maliif akka sirriii ta'ee agarsiista. Fakkeenyaaf carraalee ogummaa nannoo isaanii keessatti argaman hunda tarreesuufiin akka agarsiisaan gaafachuu dandeessu.

Affeerra ogeessa: ogeessa adda addaafferuun akkabarattooni oggumma fedhan irratti cimanii karoorfatan jajjabeesuu. Kunis kan off keessatti qabatuu ogessa qonnaa (interpirayizii miyikroof xixiqqaa, hoteelota, dhaabbilee misoomaa, bankilee, ristooraantiifi kanneen biro) ofkeesatti qabata.

Daawwiifi hojii dirree: BTO akkuma irraa deddebiin ibsame barannoo yaaliiti. Brattootaa bobbaasuun muuxannoo dirree, dandeetti ogummaafi hawwii isaanii akka daawwatan taasiisuu. Kunis kan isaan gargaaruu akka isaan haala qabatamaa hojii naannoofi ogummaa isaanii fuul duraa yaadan godha. Dabalataaniis barbachisummaan muuxxannoo, daawwiifii hojii dirree quubsaa tasiisuuf barnootaa isaanii irrartii qabatamaafii fedhii barattoota akka guddisuu gochuudha.

Piroojekti hojii garee: mala kanaa keessatti yaaliwwan adda addaa hojjechuuf barattoota garee xixiqqaa yookiin cimdiin qooduun hirmaachisuu dandeessuu. Yaaliiwwan kanneen keessati, barattooni gabaasa garee barreesuun yookiin bakka bu'aa filachuun bu'aa marii isaanii ibsuu.

- Kunis malootaa barbaachisaadhaa. Sababni isaas:
- Hojii gare jajjabeesuuf.
- Dhimmaa waloof waliin ijaaramuu
- Dandeetti barnoota hirmaachisaa(interactive) guddisuu
- Ofitti amanamuumma cimsuuf.
- Dandeetti barreffamaafi xinxalaa guddisuu.

3. Barannoo qopheesuu yookiin barannoo qopheesuun duraa: gochaa kanaa daree seenuun duraa raawwadhaa.

Kun lamaan kan agarsiisuu qopheeffachuu meeshaalee barbaachisoo, malootaafi akkaataa isin fayyaadamtanii barannoo qinda'ee barattootaf itti dabarsitaniidha

4. Ibsa barannoo: Gochaa kanaa keessatti barannoon guutumma dareetti dhiyaataa. Yeroo ba'eyee hojiin kun kan deemsiifamuu barsiisadhaani, garuu ogeessa afferamee yookiin barataa bakka bu'een raawwatamuu danda;aa

5. Madaalliifi hordooffi

Madaalli: gochaan kun madaalli walitti fufaa yeroo daree, Madaallii dabalataa daree

duraafi daree boodaa kan offi keessatti qabatuudha.Keessattu Madaallii Madaallii keessan maqaa barattoota waraqaa irratti galmaa'ee fayyaadamuun galmmeessa.

Bakka hundumaatti sadarkaa hirmaanna barattoota, ciminaafi qabxxii isaan galmmessan madaalaa. Maqaa barattoota galmaa'ee gosootaa madaalli kuneeniif adda baasuun fayyaadamaa isaaniis

- Marii
- Hojii dirree
- Gaaffii gaafachuu
- Deebii deebisuu
- Tattaaffii cimanii hojechuu
- Hojii garee qinddeessuu
- Milkaa'inaa hojii manaa, battalleefi qormmaata keessatifaadhaa.

Hordofii: kanneenifii madaalli biraa irratti hundooftee hojetta. Kanas barannoof, tokko tokko barataa madaaluuf barataa daree guutuu madaaluuf iidha. Kaayyoo barannoo kanaa galmaa ga'uufii dhiisuu kee murteessitaa. Sanaa boodaa baraataa hunddaa dhuunffafi gareen,jajjabeesuuniifi hojii dabalataa tokkoo tokkoo barataafii akka barbachisumma isaati kennu. Baratoota qabxxii gadaanaa galmeessaniif gahumassa irra barbaadamuu gad aanaa akka argataniif yaalii gochaa adda adda kennuufiin gargaari. Barattoota qabxxii olaanaa galmmeesaniif milka'inaa dabalataafi calmattii si'eesuuf gaffilee adda adda qopheesaafi.

BOQONNAA 1
OGUMMAA DHUUNFAA FILACHUU

WAYITII 4

Bu'aa barannoo

Xummuraa boqonaa kanaatti barattoonni :

- Ogummaa fedhii irra qaban filachuun qulqullinaafi gadi fageenyaan baratu.
- Gulantaalee filannoo ogummaa irratti nimari'atuu.

FILANNOO OGUMMAA DHUUNFFA

wayitii	Qabiyyee	Ga'umssaa barnootaa barattooni argachuu qaban	Malootaa eeraman	Madaallifi hordooffi eeraman
Sa'aa 2	Gulantaalee arfan ogumma dhuunfaa filachuu Gulantaa 1.carraa ogumma naannot-tii argamuu Gulantaa2.ogum-maa madaalu Gulantaa 3. Ogumma filat-amee irratti mari'achu Gulantaa4.ogum-ma tokko irratti murteeffachuu	-Ogummaa fedhii irra qaban filachuun waa'ee isaa qulqulinaanafi gad fageenyaan baratuu -caarra ogumma naan-notti argamuu hundaa tarreessu .ogummaalee ba'ee bar-baachisoofi bakkichaaf malan, tarreffaman walmadalchisuu -Barbaachisummafi mil-ka'inaa ogummaa sana irratti nimari'atuu .Ogummaa gaariidhaa jedhan fi mijatuu tokko nifilatu	.Xinxala sammuu, ibsa, ma-rii garee, gaffiifi deebii yeroo ibsa	.Gaaffii af-aanii gaafa-chuu .hojii dhuun-faa .hojii garee
Sa'atii 2	.Ogumma sirriii barbaaduu	.Gulantaalee turban ogummaa sirrii filaa-chuuf barbaachisan nihubatu.	.Qorannoo dhimmaa .Marii garee .Gaaffiifi deebii yeroo ibsa	Gaafii afaanii gaafachuu . Hojii daree .Ibsa qoran-noo dhim-maa

1.1 Gulantaalee arfan ogummaa dhuunfaa filachuu

Barannoo tokko: sa'aa: 2

1.1. 1 Irra keessoo barannoo

Daree 7ffaa keessatti , barattooni waa'ee hiika ogummaafi waa'ee gosoota carraa ogummaa barataniiru. Mee BOT boqonna tokko keessatti baratan akka isaan irra debi'ani himan gargaara. Baranno kana keessatti barattoonni waa'ee hiika ogummaa filachuufi gulantaalee ogummaa filachuuf gargaaran ni baratu.

Qophii Daree

Boqonnaa tokko mataa duree xiqqaa tokko tokko jalatti fuula 1-5 kitaabichaa keessatti gulantaalee ogummaa filachuu siirriitti ibsamaniiru

Gulantaa 1: carraa hojii ogummaa naannotti argamu qorachuu

Kabajamoo barsiisa, hubannoo barattoota keef gaaffii gosoota ogummaa naannoo isaaniitti argamuu gaafadhaa.Gosootaa hojii naannoo isaanitti argamuu akka isaan tarreesaniifi daqiiqa 2-3 kennaafi akkasumas ogummaa hojii naannoo isaanii jiru deebisaanii akka ibsan gaafadha.

Itti aansuun, gochaa 2 ilaalaa.Hojii gareefi dhuunfaa of keessatti qabata. Dhuunfadhaan, carraa hojii gochaa tokko keessatti tarreefaman keessaa akka barattooni carra hojii shan qofaa filatan godhaa. Ogummaalee isaan filatan irratti degarsa barbaachisa kennaafi.

Gulantaa 2: Carraalee hojii madaalu

Akka barattoonni ogummaalee baay'ee barbaachisaafi bakkichaaf malan tarreefaman walmadalsisan taasiisa.

Gochaa 2: Itti ansuun, gosaafii sadarkaa gahumsaa ogummaa filtame sanarratti hirmaachuuf barbaachisan nitarressu.

Ogummaalee shanan jalqabaa barattoonni ogummaa filatan sanaafi baarbachisuu akka irratti mar'atan gargaari.

Ogummaan tokko tokkoon tarrefamee tarii fedhii adda adda, sadarkaa bekumsaa, dandeettifi muxannoo barbaadaa.Kanaafuu, ga'umsa barbaachisaa hundaa tokko tokko ogummaatif akka tarreesan gargaaraa.

Gulantaa 3: ogummaalee filataman irratti mar'achuu

Gochaa 3: Barattoonii garee garee isaanitiin akka mari'atan tasiisa Amma, barattoonni ogummaalee shaniifi fedhii isaani ga'umsa barbaachisuu tarreessaniiruu. Sana booda garee barattoota bayiinaa 4-6 qabu uumi.Kana boodaa daqiiqa 5-7 garee isaani keessatti yaada walii qooduun ogummaalee tarreeffamaniif ga'umsa barbaachisaa irratti akka mari'atan taasisaa.

Gulantaa 4:ogummaa qeenxee filachuu

Gulantaalee arman olitti eeraman sadan hordufuun barattooni ogumma tokko kan mijataa ta'ee filachuuf qopha'u. kanaafuu fedhii isaanii guutuu irrati hunda'uun ogummaa tokko filatuu.

1.1.2 Adeemsa baruuf barsiisuu:

Haala mijataa barataan barsiisaa isaa waliin, walii isaanii walin, meshaalee barnootaafi gochaalee hojjetaman waliin akka walitti dhufan mijeessuudha.

- ✓ **Malleen barsiisuu eeraman:** mala barachuuf si'aa ta'e fayyaadamuun mala barsiisuu gara garaattii gargaaramaa. Kun akka mala baruufi barsiisuu hundumaa fayyaadamtan isin taasiisa. Kanaafuu haala barannoo sanaa bu'ureeffachuunmala si'ataa barachuuf ta'uu filachuu dandeessu akkasumas yeroo kamiin tokko tokko isaa ibsa dura, yeroo ibsa fi ibsa booda kan fayyaadamtan murteeffadhaa. Barannoo kana barsiisuuf malleen arsiisuu eeraman.
    - **Xiinxala sammuu,** ibsa,marii garee, yeroo ibsa gaafiif deebii, akka isaan hubachaafi barnooticharratti xiyyeeffatan beekuuf giddu gidduutti gaaffii gaafachu. Ibsan booda barannoo keessan qacessuuf malleen eeraman kana fayyaadamuu dandeesuu.
    - **Barattoota gaafadhaa:** otuu barsiistanii yaadrimee erga ibsitaniif booda ogummaa filachuu jechuun maal akka ta'e gaafadhaa
    - **Barattoota gaafadhaa:** yeroo barannoo xumuruuf jettan gulantaalee ogummaa filachuu arfan keessaa gulantaa isa kamtu duursa dhufaa.
- ✓ **Barannoo qopheessu:** barnootaa teekinikaafi ogummaa barsiisuuf kitaabafi riferaansii biro dubbisuu. Diyagraamii gulantaalee ogummaa filachuu agarsiisuu qopheesudhaanqophaawuu. Karoora barannoof gucnii dhabbataan hin jiru. Gucaa barannoo mana barumsa kee hordofuun karooraa barannoo qopheessi.
- ✓ **Barannoo ibsuu- adeemsa barumsa kennuu**

A, barannoo beksiisu: kaayyoo barannoobarattootaf ifa godhi. Barannoo Erga xumuranii booda maaltu akka irra egamu ibsiif .gaffilee xinxala sammuu fayyaadamuun dandeetti yaaduu isaani akka bal'atuu gochuu. Barattoonni waa'ee yaad-rimee sanaa maal akka hubatan akka isaan yaada waliif hiran tasiisa. Deebiinisaanii sirriifi sirrii ta'uu dhabuu isaatiin hinmadaliin. Yeroo isaan deebisan akka sadarka hubannoo waa'ee yaad-rimee sanaatinii.gochaa tokko kan fuulaa kitaaba fuulaa tokko irratti argamuun egaluu dandeessu.

B.Qabxii ijoo barannoo: malootaakaroora barsiisu keessatti murteessitee akka armaan gadittifayyaadamii.

Erga ibsa xumurtanii booda qaccessaahimaa ijoofi yaad-rimee barannoo sanaa irra deebi'if

- ✓ **Madaalliifi hordoffi:** gaffii afaaniifi hojii daree waa'ee barannoo sanaa kennuuffin hubannoo barattoota keessani madaala. Dub-deebii Madaallii barannoo irratti hunda'uun kaayyoon barannoo sanaa walsimuu isaa mirkaneessaa
  - Yaad-rimeen sirriitti ibsameera?
  - Gulantaaleen haala tartiibaa isaaniin muldhataniiruu?
  - Bu'an barnootaa egamee galma ga'eera?

1.2 Ogummaa Sirriii Barbaadu

Wayitii 2

1.2.1 Irra keessoo barannoo

Baranno kana keessaatti, barattoonni akkamiin akka ogummaa sirriii barbaadan ni baratuu. Adeemsa ogummaa sirriii barbaaduu keessaatti, barattoonni gulantaalee beekamoo hordofuu qabu.Jalqaba irraatti carraa filannoo ta'uu danda'an hundumaa tarreessuun barbaachisaadha.Carraa ogummaa garaa garaatu nannoo isaaniitti argamuu danda'a. ogummaa sirriii ta'e filachuuf namni gulantaalee torba hordofuu qaba.

Barattoonni carraa ogummaa nannoo isaaniitti argamu hundumaa akka tarressan taassisaa. Akkuma yaadattan barannoo tokko keessatti, barattoonni carraalee ogumma jiran hubachuuf gulantaalee afur keessa darbanii jiru.Barannoon kunis barannoo isaa duraa waliin

walitti hidhata qaba.Haala kanaan barattoonni ogummaa isaaniif mijataafii hojjechuuf karoorfattan filachuutu irra eegama.

Ogumma siirrii ta'ee filachuuf barattoonni gulantaalee jiran torba keessa darbuutu irra eegama.Gulantaaleen kunis akka armaan gadiitti gochaawwan gulantaa tokko tokko isaa keessatti rawwatamu waliin ibsamaniiru.

Gulantaa 1 – Hojiilee jiran barbaaduun tarreessuu

Fakkii 1.2 boqonnaa tokko keessatti ilaala.Barattoota lama carraa hojiilee naannoo isaanii keessatti argaman terreessan kan agarsiisuudha.

Gulantaa 2- Kanneen tarreefaman keessa filachuu: filannoo isaani dhiphisuun 5-10 qofaatti akka xiqqeessan taassisaa. Amma odeeffannoo barbaachisaa waa'ee hojiilee galmeeffatanii argachuu danda'u.

Gulantaa 3-kanneen tarreefan hir'isuu: sadarkaa kanatti barattooni odeeffannoo ga'aa qabu. Kanaaf lakkoofsa filannoo isaaniikan bal'inan tarreessan nihir'isun barbaachisadha. Kunis ogummaalee baay'ee gaarii hintaanee hambisuuf yookiin hinbarbaanee keessa hir'suuf isaan gargara.Kunis hijiiwwan 2-5 hincaallee hambifachuuf isaan gargara.Asitti

barattoonni ogumma filannoo hojii waraqaa irratti tartiibeessan 2-5tti dangessu.

Gulantaa 4-oddeffanno ga'aa argachuu : Erga filanno ogumma hojii 3-5tti hir'sani odeeffanno gad fagoo waa'ee ogumma niqabu. Gorsaafi odeeffannoo namootaa ogumma walfakkaatu irratti boba'an irra argachuun barbaachisadha.

Kabajamoo barsiisa, ogeessa naannoo keessanii irra affeeraa.Ogeessi kunis biiroo qonna irra, ijaarssa irra, inteerpirayiriziifi gamataaleerraafi kkf irra ta'uu danda'a.waa'ee iddattoowani(samples) ogummaalee barattoota gaafadha. Kan gareen tokko tarreessan akka fakkeenyaatti fayyaadamaa. Ogeessi dhimmi olaanaan kan itti xiyyeeffatu kan akka qulqullinaa barbaachisaa ogummaa tarra'ee, fedhii gabaafi carralee jiran hundaa irratti.

Gulantaa 5- Filannoo ogummaa: qorannoo mata isaanii erga ademsiisaanii, barattoonni filannoo mata isaanii filachuuf qophaa'u. odeffanoo isaan gurratan irratti hunda'uun ogumma isaan nita'aa jedhanii itti amanaan akka filatan gargaara. Jireenyaa isaanii keessatti filannoo isaanii yeroo barbadan jijjirrachuu akka danda'an mirkaneessafi.

Gulantaa 6-Galmaa kee adda baasii: filannoo ogumma irrati barattoonni altokko Erga murteessanii karooraa yeroo dheerafi gabaabaa adda habafatan. Kunis kan isaan gargaaruu waan karoorfataniifi filannoo isaani hojittii jijjiruuf isaan gargaara. Galmii isaani yeroo gabaabaa yookiin dheeraa ta'uu danda'a.

Gulantaa 7-karooraa gocha ogummaa qopheessuu: barattoonni gochaa ogummaa bakka tokko tokkootti haqindeeffatan. Tokko tokkoo karoora gochaa ogumma galmaan ga'uuf barattoonni haqindeeffatani.

1.2.2 Adeemsaa baruufi barsiisuu: walitti dhufeenyaa barataan walii walii isaaniifi barsiisa waliin qabans mijeessa.

- ✓ **Malleen barsiisuu eeruu-** mala barachuu si'eessa ta'ee maloota barsiisuu garaa garaa waliin yoo fayyaadamtan filatamaadha.adeemsa baruufii barsiisu hundaa hamate hordofaa. Malleen barsiisuu armaan gadii yoo fayyaadamtan gaariidha.
    - Xinxala sammuu, ibsa, marii garee, yeroo ibsatti gaaffiif deebii. Yaada hubanno barattoota beekkuf gidduu gidduutti gaaffii gaafadhaa. Mala kana erga ibsa xumurtani booda qaacessuuf fayyaadamuu dandeessu.
    - Yeroo barsiistan erga yaad rime ibsitaniifin boda ogumma sirrii filachuuf gulantaaleen hordofamuu qaban maalii jechuun baratootaa gaafadhaa.
    - Yeroo barannoo xumuruuf jettan gara garumma karoora gabaabafi dheera barattoota gaafadhaa.
- ✓ **Meeshaalee degarsaa eeraman-** meshaaleen fayyaadamuu dandeessan kamiyyuu barataan akka yaad rime, dandeettifi hubanno barannoo sirriiitti qalbeeffatu gargaaruu

qaba. Meeshaaleen deggarssa barannoo kanaaf isiniif eeraman-

-fakki(1.2 hamma 1.5 kitaaba keessa ilaala)

-gabatee bornqiifi kan biro fakki gulantaalee oggumma filachuu itti maxanssan.

✓ **Qophii barannoo**

- Kitaaba barataafi madden biraa irra waa'ee ogumma filachuu dubbisaa
- Diyaagiraamii gulantaalee ogumma sirrii filachuuf gargaaran agarsiisuu qopheeffachuu

✓ **Ibsa barannoo –** yeroo barumssa itti kennan

A) Barannoo beksiisuu

✓ Kaayyoo barannoo barattootaf ifa taasisaa- erga barannoo xumuranii booda maaltu isaanirra eegamaa.

✓ Xiinxala sammuu fayyaadamuun dandeetti sammuu keessaan ballifadhaa. barattoonni akka waan beekan waliif qoodaan taasisa.

B) Qabxii ijoo barannoo- malleen barsiisuu karoora keessattimurteeffattaan akka ar maan gadiitti fayyaadama.

- Gulantaalee ogummaa filachuu hiikkaa adda addaa itti kennuun ibsii.
- Yeroo ibsituu hirmaannaa barattoota jajjabeessuuf gaaffii banaa gaafachuu dandeessa.

Fakkii

1.2 fayyaadamuun waa'ee ogummaa naannoo isaanitti argamuu tarreessaan agarsiisuu dandeessuu akkasumas marii garee qindessuu dandeessuu.

✓ **Madaallii fi hordoffii**

Gaaffii afaanii fi hojii daree kennuudhaan barattoonni akka barnooticha hubatan mirkanneessi.

Deebii gaaffii xumura boqonnaa 1

I. Yoo himichi sirriii ta'ee "dhugaa" fi yoo himichii sirriii ta'uu baatee "soba" jechuun deebisii

1. Soba
2. Dhugaa
3. Dhugaa

II. Bakkaa duwwaa deebii sirriiidhaan guutii

1. Ogummaa filachuu
2. Ogummaa barbaaduu

III. Gaaffiilee armaan gadiitiif deebii sirriii filadhu

1. C
2. D
3. B

BOQONNAA 2
CARRAA HOJII DHUUNFAA

Dandeetti Simachuu, Haala itti Fayyaadamaa Foto Kooppiifi Sochii Interpraayizii

Wayitii 12

Bu'aa barnoota egamuu

Xumura boqonnaa kanaatii barattooni

- Adeemsa baga nagaan dhuftaniifi daawwattoota gargaaru ibsuum beeku qabu
- Mashinaa footo koppii ni fayyaadamu
- Hojiilee interpiraayizii adda ni bafatu.

wayitii	Qabiyyee	Milka'insa barnoota beekuf barattoonii kan danda'uu qaban	Maloota eeruu	Hordoffiifimadaal li eeruu
Wayitii 4	Dandeetti simachuu(bara nnoowwan2)	Dawwaattootaa gar-gaaruufi ibsuufi Adeemsaa baga nagaan dhuftani ,dawwattootaa hordofuu qabu	Xiinxala sam-muu, ibsuu, marii garee, gaaffiifi deebii	Barattootagaree gareetti qoduu Madaallii yeroo gareen mar'atanii gochuu
Wayitii 4	Maashinaa foo-to koppii(barann oowwan 3)	Mashina footokopiitti fayyaadamuu Mashina footokoppii suphuu Rakkoowwan mash-ina footokoppii adda baasuu	Dawwach uu(site vis-it) Gareen mar'achuu Ibsuu Daawwii diree Gaaffiifi deebii	Hojii garee Ibsa Battallee Hojii daree
Wayitii 4	Gochaa inter-pirayizii(b aran-noowwan 2)	Omishaa gurgur-taa filachuufi gabaaf adda baasuu	Ibsa Gareen mariisisu To'achuu	Gaafii afanii Hojii manaafi hojii daree Gabaasaa dawwii dirree

2.1 Dandeetti Simachuu

Wayitii 4

Qabiyyee barannoo

- Barannoo tokko: Dandeettii bu'uraa simachuu
- Barannoo lama: Muuxannoo kessumma simachuu Itoophiyaa

2.1.1 Barannoo tokko: Dandeetti bu'uraa simachuu

2.1.1.1 Irra keessoo barannoo

Barannoo kana keessattii barattoonni simachuu jechuun maal akka ta'e, akkamiin dandeettii barbaachisaan ogummaa sadarkaa giddu galaaf hootelota, seektara tuurizimiifi yeroo mariitiif akka hojjetu ni baratu. Simannaan gocha baga nagaan dhuftanii keessummaa ftaasifamuudha. Hojiifi ogummaa gurguddoon simataa walii galuu, qinddeessuu, ogummaa fi keessumma tajaajiluudha. Keessummeessaan yeroo kamiyyuu dhimma qulqullinaairratti hojjetaaniddoo sanaa, kontiraakterri fi dhiyeessitoonni akka isaan hubbannoo fi leenjii qabanmirkaneessuufiitu irra jiraata. (kitaaba barataa ilaali)

2.1.1.2 Adeemsa baruuf barsiisu

✓ **Malootaa barsiisu eeruu**

- **xinxala sammuu:** gaffileen kitaaba barataa gaaffii xiinxala sammuuti. Jalqaba barannoo kanaa irratti barbaachisummaafi yaad-rimee isaa maal akka ta'ee beekuf fayyaadami. Gaffilee barattooni beekumsa duura qaban beekuf gaafachuu dandeessa.
- **Ibsuu(lecture):** yaad-rimee fakkeenyaan ibsuu, afaanin, barressuun, fakkiinifi kanneen kana fakkfatan waliin kan walqabatuun ibsuufii danda'uu qabdu.
- **Marii garee xiqqaa:** barattoonni hubannoo walii qoduufi yaada adda adda argachuufidhaa. Gochaan barbaadamuu kitaaba barata keessatti argamaa(gochaa 1 ilaala)
- **Gaaffiifi deebii:** giddu giduutti hubannoo barattoota mirkaneessufi akka barattoonniii ibsa hordofaa jiran adda basu. Mala kana fayyaadamtani ibsa barannoo keessani qaccessuu dandeessu.

✓ **Meeshalee deggarsaa eeraman:** meeshaleen deggarsaa barannoo kanaaf eeraman kanneen arman gadiiti(fakki 2.1 kitaaba keessaa ilaalii) gabatee boronqiifi suuraa dandeetti simachuu itti maxxassan qopheessa.

✓ **Barannoo qopheessu**

Fakkii kitaaba barataa keessa jiruu irraatti dabalataan suuraa biro yookiin gabateefi agarsiisa kamiyyuu yaadrimee simanna agarsiisu qopheeffadha. Karoora bafadhaa. Karoorri barattoonni maal barachuu akka qaban, akkamiifii yoom akka barsiistaniifi barachuun isaani akkamiin akka madaalamu barsiisaadhaf guyya gayyaan kan agarsiisuudhaa. Karoorri ibsa keessan, fayyaadama yeroo, yoomiifi akkamiin meeshaa deggarsa akka fayaadamtan kan isin qajeelchuudha.

✓ **Ibsa barannoo- yeroo barsiisuu itti dhiyeessan**

A. Carannoo beeksiisu: waa'ee dandeetti simachuu irratti xinxala sammuu barataa irratti taa siisa. Barannoo sanaa irratti gaaffii gaafachuun hubannoo barattoonii dursanii qaban hubadhaa xinxala sammuun eegaluu dandeessu.

B. Ijoo barannoo: mala barsiisuu karoora keessan irratti murteeffattan haala armaan gadiin fayyaadama. Hiikkaa simannaa fi dandeettii simannaa waliin walitti siqu ibsafi. Qabxiilee adda addaa irratti yeroo ibsa barattoonni akka hirmaatan taasisuufgaaffiilee banaa gaafadha. Barattoonni gochaa 1 kitaaba keessatti barreeffame hojjechuutu irraa eegama.

C. Cimsuu: dhuma barannoo kana irratti yaada qaaceessa. Qabxii yaada ijoo irra deebi'aafi. Fakkeenyaaf dandeettii simannaa beekamaa hotoleeta, turiizimii fi dhaabbilee keessatti hojii argachuuf gargaaruu beekuu qabu.

Barattoota gareen qooduun akka irratti mari'atan taasisa.Simannaan baga nagaan dhuftanii dawwattootaaf baay'ee barbaachisaadha. Gaaffiilee sadan simataa yookiin simattuun dawwattootaaf aflattoo fayyaadamanii baga nagaan dhuftaan akka jedhan jechiisiisuu ni dandeessu.Yeroo barattoonni mari'atan ilaaluufi ta'achuun isinirra eegama.Gahumsaa fi ibsa garee isaanii galmeesssafi.

2.1.2 Barannoo lama: muuxannoo Itoophiyaannonni keessummaa simachuu irratti qaban

2.1.2.1 Irra keessoo barannoo

Barannoo kana keessatti, barattoonni muuxannoo Itoophiyaannonni keessummaa simachuu irratti qaban baratu.Barattoonni adeemsa nagaa wal gaafachuu naannootti beekan irratti haa mari'atani.Kitaaba keessatti baga nagaan dhuftaniifi akkataa nagaa wal gaafachuu gara garaatu argama.Adeemsa sagantaa buna danfisuu Itoophiyaa fakkii 2.2 irratti ibsameera.

2.1.2.2 Adeemsa baruuf barsiisuu

✓ **Maloota barsiisu eeruu:** mala baruuf barsiisuu akka armaan gadiitti eerameera.

- **Ibsa-** yaad rime fakkeenyaan ibsuu, afaniin, barreeffamaan agarsiisuufi hunda wal keessa fayyaadamuudha.

- **Marii garee xiqqaa-** barattoonni hubannoo akka walii qoodaniifi yaada adda addaa akka ijaarratan taasisa. Gochaawwan barbaachisa barattoonni gareen hojjetan yookiin lama lamaan hojjetan kitaaba barataa keessa jiru. Adeemsa nagaa wal gaafachuufi baga nagaan dhuftaanii barattoonni akka shaakalan taasisa.
- **Gaaffiifi deebii-** hubannoo fi ibsa hordofuu barattoota mirkaneessufgiddu gidduutti gaaffii gaafadha. Adeemsa nagaa wal gaafachuufi baga nagaan dhuftanii baramaaa barattoota gaafadha. Erga baga nagaan dhuftaniifi nagaa wal gaafachuu baramaaa ibsitaaniifi booda gochaa 1 kitaaba barataa keessatti barra'ee jira.
- **Bakka daawwii-** barattoonni yeroo manaa baruumsa deeman sagantaa buna danfisuu aadaa karaarratti argan kutaa isaanitti haa mari'atan

✓ **Meeshaa deeggersaa eeraman-** meeshaleen deggeersa fayyaadamtan kamiyyuu barattoonni akka barannoo isaanii yaad rime, dandeettii fi hubannoo barannoo isaanii sirriitti gabbifatan gargaaruu ta'uu qaba. Meeshaaleen deeggersa barannoo kanaaf eeraman kanneen armaan gadiiti; barsiisaan madda marsarii fayyaadamee suura yookiin viidiyoo yuutuubii kan waa'ee aadaa buna danfisuu fi akkaataa baga nagaan dhuftaanii haa agarsiisuu.

✓ **Barannoo qopheessuu** Dandeettii bu'uura simannaa kitaabafi madden adda addaa irra jiran dubbisa. Mala barachuu si'aa fi tooftaalee Madaallii yeroo barannoo fayyaadamtu murteessi.Karoora qopheeffadha.Karoorri barattoonni maal barachuu akka qaban, akkamiifii yoom akka barsiistaniifi barachuun isaani akkamiin akka madaalamu barsiisaadhaf guyya gayyaan kan agarsiisuudha.

2.1.3 Barannoo ibsuu

A. Barannoo beeksisuu: kaayyoo barannoo sanaa barattootaf ifa godhaa. Xinxala sammuu waa'ee muuxannoo keessummaa simachuu Itoophiyaanota irratti fayyaadama. Barannoo sanaa irratti gaaffii gaafachuun hubannoo barattoonii dursanii qaban hubadhaa.

B. Ijoo barannoo- mala barsiisuu karoora keessan irratti murteeffattan haala armaan gadiin fayyaadama. Akkaa keessummeessatti akkaata itti keessuummoota fi daawwattoota biiroofi bakka keessummummaatii akka itti simatan ibsafi.Qabxiilee adda addaa irratti yeroo ibsa barattoonni akka hirmaatan taasisuuf gaaffiilee banaa gaafadha.

C. Cimsuu: Qabxii yaada ijoo fi yaad rime barannoo sana irra deebi'uufiin cuunfaafi.

✓ **Madaallii fi Hordoffii**

Gaaffii afaanii fi hojii daree kennuufiin hubannoo barattoota keessanii barnoota sanarrtti madaaluu dandeessu. Kaayyoon barannoo sana galma gahuu isaa mirkaneessa, yoo gahuu baatee akkamiin akka deebiitee barattoota bifa gochaa gargaarsaatiin gargaartuu karoorsii.

2.2 Maashina footo kooppii

Wayitii 4

Qabiyyee barannoo

- Barannoo sadii: Gulantaalee maashina footo kooppii fayyaadamuu
- Barannoo afur: Suphaa footo kooppii
- Barannoo shan: Rakkoo footo kooppii fi haala itti fayyaadama isaa

2.2.1 Barannoo sadii: Gulantaalee maashina footo kooppii fayyaadamuu

2.2.1.1 Irra keessoo barannoo

Barannoo kana keessatti, barattoonni sadarkaa biirootti barbaachisummaa tartiiba taartiibaan adeemsaa itti faayyaadamaa maashina footoo kooppii fi akkaaataa dookimeentii ittiin kooppii godhataan ni baratu. Tartiibni duraa haada wal quunamsiistuu maashina footo kooppii (power cable) kana sirriiitti human ibsa waliin wal quunamsiisuu (fakkii kitaaba barataa 2.3 fi 2.4 ilaalaa).

Barattoonni erga tartiiba odeeffannoo barbaachisaa baratanii booda maashina footo kooppii wajjiin wal baruu kunis dookimeentii muraasa kooppii godhachuuf isaan gargaara.

2.2.1.2 Adeemsa baruuf barsiisuu

✓ **Mala barsiisuu eeraman-**Mala barachuu si'aa adda addaa fayyaadamaati barattoonni akka isaan haala baruuf barsiisuu keessaataniif jajjaabeessa. Barannoo kanaaf maloota eeraman:

- **Xinxala sammuu-**barattoonni gaaffii mata duree 2.3.1 kitaaba barataa keessa jiru ni deebisu.
- **Ibsa-** yaad rime fakkeenyaan ibsuu, afaniin, barreeffamaan agarsiisuu fi hunda wal keessa fayyaadamuu.
- **Marii garee xiqqaa-** barattoonni hubannoo akka walii qoodaniifi yaada adda addaa akka ijaarratan taasisa. Gocha'n 3 kitaaba barataa keessa taa'ee jiru barattootan gareen yookiin lama lamaan akka baarataan hojjetamuutu barbaadama.
- **Bakka daawwii-** barattoota gara interpiraayizii xixxiqqa maashina footo kooppii hojjeettan irraatti Ergatii daawwatanii akka gaabaasan taasisa.

✓ **Meeshaa deeggersaa eeraman-** meeshaleen deggeersa fayyadamtan kamiyyuu barattoonni akka barannoo isaanii yaad rime, dandeettii fi hubannoo barannoo isaanii sirriitti gabbifatan kan gargaaruu ta'uu qaba. Meeshaaleen deeggersa barannoo kanaaf eeraman kanneen armaan gadiiti; fakkii 2.3 kitaaba barataa ilaaluu fi gabatee boronqii fi gabatee biroo waa itti maxxanuu qopheeffadha.

- ✓ **Barannoo qopheessuu-** kitaaba barataa fi madden biraa kan maashina footo kooppii ibsuu dubbisa. Dunkaana maashinni footo kooppii keessatti hojjetamuu akka daawwatan haala mijeessaafi. Yeroo barannoo keessanii mala barachuu si'aa fi tooftaalee madaallii keessanii murteeffaadha. Kun kan godhamuu jalqaba barannoo, yeroo ibsa fi yeroo xumura barannooti.
- ✓ **Barannoo ibsuu- yeroo barsiisuu ittidhiyeessan**

A. Barannoo beeksisuu-kaayyoo barannoo sanaa barattootaf ifa godhaa. Xinxala sammuu waa'ee maashina footo kooppii taasisa. Barannoo sanaa irratti gaaffii maashina footo kooppii gaafachuun hubannoo barattoonii dursanii qaban hubadhaa.

B. Ijoo barannoo- mala barsiisuu karoora keessan irratti murteeffattan haala armaan gadiin fayyaadama.Yaadrimee waa'ee maashina footo kooppii ibsa.Yeroo ibsa keessanii gaaffiilee banaa qabxiiwwaan adda addaa irraatii gaafachuun barattoonni akka hirmaatan jajjabeessaa.

C. Cimsuu: Qabxii yaada ijoo fi yaad rime barannoo sana irra deebi'uufiin cuunfaafi.

Madaallii fi Hordoffii

Barattoota garee xixxiqqaatti qooduun akkata itti a) warakaa mashina keessa gaashan, akkamiin akkaa waraqaa tokko qofa kooppii godhan, b) akkamiin akka waraqaa baay'ee kooppii godhaan, c) Rakkoon maashina footo kooppii irratti uumamuu danda'uu fakkeenya keennaafi, d) Rakkoo maashinaa footo kooppii akkamiin akka furuun danda'amu itti agarsiisa.

Duub deebii madaallii barannoo keessanii irratti hunda'uun kaayyoon barannoo keessanii galma gahuu fi dhiisuusa mirkaneessa.

2.2.2 Barannoo afur: Suphaa footo kooppii

2.2.2.1 Irra keessoo barannoo

Barannoo kana keessatti, barattoonni sadarkaa biirootti barbaachisummaa tartiiba taartiibaan adeemsaa itti faayyaadamaa maashina footoo kooppii fi akkaaataa dookimeentii ittiin kooppii godhataan ni baratu. Tartiibni duraa haada wal quunamsiistuu maashina footo kooppii (power cable) kana sirriiitti human ibsa waliin wal quunamsiisuu (fakkii kitaaba barataa 2.4 fi 2.5 ilaalaa).

2.2.2.2 Adeemsa baruuf barsiisuu

Haala mijataa barataan barsiisaa isaa waliin, walii isaanii walin, meshaalee barnootaafi gochaalee hojjetaman waliin akka walitti dhufan mijeessuudha.Kanneen armaan gadii of keessatti qabata.

- ✓ **Malleen barsiisuu eeraman:** mala barachuu si'aa gara garaa fayyaadamuun barattoonni akka isaan adeemsa baruufi barsiisuu keessatti hirmaatan isaan taasisa.Barannoo kana barsiisuuf malleen barsiisuu eeraman.
    - **Ibsa-** yaad rime fakkeenyaan ibsuu, afaniin, barreeffamaan agarsiisuu fi hunda wal keessa fayyaadamuu.
    - **Marii garee xiqqaa-** barattoonni hubannoo akka walii qoodaniifi yaada adda addaa akka ijaarratan taasisa. Gocha'n 2 kitaaba barataa keessa taa'ee jiru barattootan gareen yookiin lama lamaan akka baarataan hojjetamuutu barbaadama.
    - **Gaaffiif deebii-** hubannoo barattootaaf akka isaan ibsa keessaan hordofaa jiraan beekuuf gidduu giduu ibsa keessaniitiin gaaffii gaafadha.
    - **Bakka dawwii-** barattoonni biro tookko deemuun dawwaachuun akkaata maashinni footo kooppii itti hojjetuu dawwachiisa (barataa qaama miidhamaaf haala mijeessa).

Sana booda hundi isaanii gabaasa akka dhiyeessaan godhaa. Yoo dunkaannii suphaa maashina footokooppii naannoo keessanitti argamuu jiraate barattoota keessaan fuudhaati akkamittiin akka maashinni footo kooppii suphamuu dawwachiisa. Yoo hin jiruu ta'ee suura yookiin viidiyoo maashina footo kooppii itti agarsiisaa.

- ✓ **Meeshaalee deeggersaa eeramaan-**meeshaleen deggeersa fayyaadamtan kamiyyuu barattoonni akka barannoo isaanii yaad rime, dandeettii fi hubannoo barannoo isaanii sirriitti gabbifatan kan gargaaruu ta'uu qaba. Meeshaaleen deeggersa barannoo kanaaf eeraman kanneen armaan gadiiti; gabatee boronqii fi gabatee biroo waa itti maxxanuu qopheeffadha.
- ✓ **Barannoo qopheessu:**kitaaba barataa fi madden biraa kan suphiinsa maashina footo kooppii ibsuu dubbisa. Yeroo barannoo keessanii mala barachuu si'aa fi tooftaalee madaallii keessanii murteeffaadha. Kun kan godhamuu jalqaba barannoo, yeroo ibsa fi yeroo xumura barannooti.
- ✓ **Barannoo ibsuu- yeroo barsiisuu itti dhiyeessan**

A. Barannoo beeksiisu- kaayyoo barannoo sanaa barattootaf ifa godhaa.

B. Ijoo barannoo- mala barsiisuu karoora keessan irratti murteeffattan haala armaan gadiin fayyaadama. waa'ee suphaa maashina footo kooppii ibsa. Yeroo ibsa keessanii gaaffiilee banaa qabxiiwwaan adda addaa irraatii gaafachuun barattoonni akka hirmaatan jajjabeessaa.

C. Cimsuu: erga ibsatiniifi booda baraannoo cuunfaafi. Qabxii yaada ijoo fi yaad rime barannoo sana irra deebi'aafii. Fakkeenyaaf, haala itti fayyaadamaafi adeemsa suphinsa maashina footo kooppii.

- ✓ **Madaallii fi Hordoffii**: Gaaffii afaanii fi hojii daree kennuufiin hubannoo barattoota keessanii barnoota sanarrtti madaaluu dandeessu. Kaayyoon barannoo sana galma gahuu isaa mirkaneessa, yoo gahuu baatee akkamiin akka deebiitee barattoota bifa gochaa gargaarsaatiin gargaartuu karoorsii.

2.2.3 Barannoo Shan: Rakkoo footo kooppii fi haala itti fayyaadama isaa

2.2.3.1 Irra keessoo barannoo

Barannoo kana keessaatti, barattoonni karaalee murteessoo ta'aniin Rakkoolee maashina footo kooppii ni baratu. Hojiin duraa isaanii, waraqaa ciniinuu maashinaa adda baafatu (fakkii 2.5, 2.6,2.7 fi 2.8 ilaalaa).Rakkoolee baramaaan maashina footo kooppii mudatuu waraqaa ciniinuudha. Rakkoon kana furuuf waraqaa isa ciniiname kana harkaan keessaa baasuufi kan deebisee waraqaa siirreesse kaa'u barbaachisa.Barattoonni Rakkooleenakka hin uumamne gochuuf fuullee maashina footo kooppii yeroo mara utuu kooppii hin godhiin qulqulleessu qabu.Mataa kaartireejii (cartridge) qalamaa dhukkee irraa eeguu qabu (kitaaba barataa kutaa mata duree 2.3.6 ilaala).

2.2.3.2 Adeemsa baruuf barsiisuu

- ✓ **Mala barsiisuu eeraman-**Mala barachuu si'aa adda addaa fayyaadamaati barattoonni akka isaan haala baruuf barsiisuu keessaataniif jajjaabeessa. Barannoo kanaaf maloota eeraman:
  - **Ibsa-** yaad rime fakkeenyaan ibsuu, afaniin, barreeffamaan agarsiisuu fi hunda wal keessa fayyaadamuu.
  - **Marii garee xiqqaa-** barattoonni hubannoo akka walii qoodaniifi yaada adda addaa akka ijaarratan taasisa. Gochaalee kitaaba barataa keessa taa'ee jiru barattootan gareen yookiin lama lamaan akka baarataan hojjetamuutu barbaadama.
  - **Bakka daawwii-** barattoota gara interpiraayizii xixxiqqa maashina footo kooppii hojjetaniitti Ergatii daawwatanii gochaa 4 kitaaba barataa irratti ibsamee jiru bu'uureffachuun akka gaabaasan taasisa.
- ✓ **Meeshaa deeggersaa eeraman-**meeshaleen deggeersa fayyaadamtan kamiyyuu barattoonni akka barannoo isaanii yaad rime, dandeettii fi hubannoo barannoo isaanii sirriitti gabbifatan kan gargaaruu ta'uu qaba. Meeshaaleen deeggersa barannoo kanaaf eeraman kanneen armaan gadiiti; (fakkii 2.6 kitaaba barataa) ilaaluu fi gabatee boronqii fi gabatee biroo fakkii Rakkoo maashina kooppii itti maxxanu qopheeffadha.
- ✓ **Barannoo qopheessuu-** kitaaba barataa fi madden biraa kanRakkoo maashina footo kooppiin wal qabatuu dubbisa. Karoora qopheeffadha: Karoorri barattoonni maal barachuu akka qaban, akkamiifii yoom akka barsiistaniifi barachuun isaani akkamiin akka madaalamu

barsiisaadhaf guyya gayyaan kan agarsiisuudha.

✓ **Barannoo ibsuu- yeroo barsiisuu itti dhiyeessan**

A. Barannoo beeksisuu-kaayyoo barannoo sanaa barattootaf ifa godhaa.

B. Ijoo barannoo- mala barsiisuu karoora keessan irratti murteeffattan haala armaan gadiin fayyaadama. Yaadrimee waa'ee Rakkoomaashina footo kooppii ibsa. Yeroo ibsa keessanii gaaffiilee banaa qabxiiwwaan adda addaa irraatii gaafachuun barattoonni akka hirmaatan jajjabeessaa.

C. Cimsuu: Erga ibsa xumurtanii booda irra deebi'uun cuunfaafi. Qabxii yaada ijoo fi yaad rime barannoo sanaisaanis Rakkoowwaan maashina footo koppii kan akkaa waraqaa ciniinuu, sarara waraqaa irratti uumuu fi kkf.

✓ **Madaallii fi Hordoffii :** Gaaffii afaanii fi hojii daree kennuufiin hubannoo barattoota keessanii barnoota sanarratti madaaluu dandeessu. Duub deebii madaallii barannoo keessanii irratti hunda'uun kaayyoon barannoo keessanii galma gahuu fi dhiisuusa mirkaneessa.

2.3 Hojiiwwaan dhaabbata (Interprise) keessatti hojjeetaman

Wayitii 4

Qabiyyeewwan barannoo

- Barannoo Jaha: Oomisha filachuufi oomisha filachuuf sababa kan ta'an
- Barannoo torba: Oomisha beeksisuufi wantoota dhaabbaata hojii (Interprise) keessatti hojiif barbaachisan

2.3.1 Barannoo Jaha: Oomisha filachuufi oomisha filachuuf sababa kan ta'an

2.3.1.1 Irra keessoo barannoo

Kaayyoon mata dure kana barattoonni dandeetti dhaabbata hojii xixiqqa karoorsuudhaan, baasii shallaguun, oomishuun, beeksisuun fi tajajila oomisha gurguruun akkata itti guddifatan ni baratu. Hojiileen dhaabata hojii xixiqqa gareedhaan kan akka daabboo fi keekii tolchuu, konkolaata miicuu fi dhuunfaadhaan hojjetamu kan qarshii argamsiisu ni hojjetu.

Barattoonni wantoota oomishaaf sababa ta'aan addaa baasuutu irraa eegama, kunneenis; hanqinaa fedhiif dhiyyeessii, madda faayinaansii, ka'umsa kaappitaalaa, human nama barateefi gahuumsa isaa. Akkasumas barattoonni haala gabaa hubaachuun bakkaa maamiltoonni bittaaf gurgurtaa irratti hirmaatan adda baasuun beekuu qabu(fakkii 2.9 kitaaba barataa keessaa ilaalii).

2.3.1.2 Adeemsa baruuf barsiisuu

✓ **Mala barsiisuu eeraman-**Mala barachuu si'aa adda addaa fayyaadamaati barattoonni akka isaan haala baruuf barsiisuu keessaataniif jajjaabeessa. Barannoo kanaaf maloota eeraman:

- **Ibsa-** yaad rime fakkeenyaan ibsuu, afaniin, barreeffamaan agarsiisuu fi hunda wal keessa fayyaadamuu.
- **Marii garee xiqqaa-** barattoonni hubannoo akka walii qoodaniifi yaada adda addaa akka ijaarratan taasisa. Gochaa 5 kitaaba barataa keessatti argamuu barattoonni gareen yookiin lama lamaan akka hojjetantu barbaadama.
